



Kabajamoo hojjetaa/hojjettuu Montclair

Akka Hogganaa Olaanaa Mana Barumsaa Akkaadaamii fi Duroominaa Montclair itti aanu ta'uudhaan tajaajiluun dhugaadhumatti kabaja guddaa kan namaaf uumu dha. Tokkoon tokkoon keessan dhaggeeffachuu fi isin irraa barachuuf gamoo keessatti yeroo dabarsuu jalqabuu kiyyaaf gammachuu guddaatu natti dhagahama. Waggoota kudhaniin dura hojii barsiisummaa koo Montclair keessatti ergan jalqabee kaasee, dandeettii hoggansaa kiyyaa fi ogummaa barsiisummaa koo guddifachaa kanan ture yoo ta'u, Hogganaa Olaanaa mana barnootaa itti aanuu ta'ee hogganuu kiyyaaf kabajaa fi gammachuu guddaatu natti dhaga'ama. Heddumina, duudhaa fi hawaasa addaa ta'uun keessan na kakaasa, isin cina hiriiree hogganuuf fedhii olaanaan qaba.

Akka geggeessaa fi barsiisaa DPStti, gurmuu barattootaa adda addaa wajjin hojjechuun walqabatee muuxannoo bal'aan qaba. Akka Hogganaa Olaanaa mana barnootaatti, hogganaa gargaaraa mana barnootaa, hogganaa sagantaa, barsiisaa fi akka barsiisaa gargaaraa. Manneen barnootaa Title 1 (mata dure 1) kan tokkoon tokkoon isaanii barattoota hawaasaan moggeeffamanii fi FRL fayyadaman %85 ol qaban, kunis MLL dhibbeentaa guddaa hawaasa mana barumsaa keessaa %45-65 gidduutti argamu haammatan dabalatee ani keessatti hojjedheera. Muuxannoowwan kanneenitti fayyadamuun barattoonni Montclair hundinuu akka dagaaganiif deeggarsa barbaachisaa ta'e mara akka argatan gochuuf hawwii guddaatiinan eeggadha.

Jijjiiramni hoggansaa miira tasgabbaa'e ykn mirkansa ittifufiinsa egeree dhabuu tokko tokko akka fidu nan beeka. Cehumsi kun hanga danda'ametti akka miirri ittifufiinsaa namatti dhaga'amu gochuuf akkan carraaqu isin beeksisuun fedha. Gara bara barnootaa dhufutti yeroo ceenu sirni fi caasaan keenya amma jiru tasgabbaa'ee akka turu garee hoggansa waliin nan hojjedha.

Kaayyoon koo inni guddaan tokko bara barnootaa 2022-2023 yeroo cufnu hojii cimaa yeroo ammaa hojjetootaa fi barattoota Montclair'n hojiirra oolaa jiru kabajuu fi ol guddisuu ta'a. Dabalataanis, bu'uura yeroo ammaa utubsamaa jiru irratti ijaaruuf jecha hojjetoota, barattootaa fi hawaasa irraa dhaggeeffachuu fi irraa barachuuf yeroo ta'uu malu nan ramadaaf. Bara barnootaa kana keessaa yeroo isa hafeef sagantaa koo karoorsuuf Daarektarri Walta'iinsaa keenyaa, Dr. Daanaa Wiiliyams, wajjin yeroon hojjedhu karaa adda addaa kun akka raawwatamu nan taasisa. Walgahii hojjetoota waliin hariiroo uumuu, yeroo hawaasa keenya waliin wal arguu fi carraa barattoota waliin haasa'uu nan keessummeessa.

Waa'ee tokkoon tokkoon keessanii caalaatti baruuf tarkaanfiiwwan ani jalqaba raawwadhu keessaa tokko filannoo carraa tokko tokkoon keessan wajjiin walarguun mari'achuu dha. Xiyyeeffannaan marii kanaa abdiin egeree ofii keessaniifis ta'e mana barnootaa Montclair tiif



# MONTCLAIR SCHOOL

• OF ACADEMICS & ENRICHMENT •

qabdan dhaga'uu fi waa'ee fedhii fi yaada keessan caalaatti baruu ta'a. Yoo kan feetan ta'eef, mee yeroo haasawa qaamaan walarguun taasifamu 5/3, 5/5 ykn 5/8 kana fayyadamuun galmaa'aa [Google Doc](#).

Akkasumas barattoota Montclair waliin hariiroo ijaaruu jalqabuuf fedhii guddaan qaba. Dafinoo, Caamsaa 15, daqiiqaa 20f daree keessatti sagalee ol kaasuun sagantaa dubbisuu nan keessummeessa. Yeroo kana keessatti waa'ee eenyummaa kiyayaa hirmaattotaaf nan qooda, barattoota irraa nan dhaga'a, tokkoon tokkoon daree waliin kitaaba nan dubbisa. Galmi hiriiruu uumuu kanaa barattoonni eenyu akkan ta'e akka beekaniifi barattoota waliin hariiroo ijaaruu akkan jalqabu gochuudha. Barsiisonni daree ECE- kutaa 4ffaa, mee marsaa tokkoof kana fayyadamuun galmaa'aa [Google Doc](#). Daree barnootaa kutaa 5ffaa galmaa'uuf ni simatamu akkasumas yoo dareen fedhii qabaate!

Bara barnootaa 2023-2024 tiif yeroo qophoofnu kanatti barnoota bu'aa barnootaa fi fayyaa hawaasummaa-miiraa barattoota keenyaa irratti xiyyeeffatee fi bu'uura irratti caalaatti ol ijaaru beeksisuu fi karoofachuu ni jalqabna. Haala waloo naannoo mana barumsaa guutuu keessatti nageenya qabuu fi miira simataa qabu kan namoonni HUNDI miiraan, barnootaa fi ogummaadhaan itti guddatan uumuuf waliin hojjenna. Akka dhuunfaatti, tarkaanfiin koo inni jalqabaa itti aanu waa'ee wantoota ajaa'ibsiisoo Montclair keessatti ta'aa jiran hunda caalaatti baruu fi waa'ee eenyummaa koo isa dhugaa isiniif qooduudha. Imala kana akka hogganaa muummee mana barnootaa keessaniitti jalqabuu kootti dhugaadhumatti ulfinaa fi gammachuu guddaatu natti dhagahama.

Walgahii Hojjetootaa Caamsaa 4 irratti qaamaan argamuun waa'ee ofii koo nan beeksisaa, akkasumas torban Caamsaa 1 irraa eegalee yeroo dabalataa Montclair keessatti nan dabarsa. Kana irraa kan hafe kallattiin karaa email ykn bilbilaan na qunnamuu ni dandeessu!

Nagaa Wajjin,

Daniel "DJ" Barks

Hogganaa Olaanaa | Mana Barumsaa Akkaadaamii fi Duroominaa Montclair

[Daniel\\_Barks@dpsk12.net](mailto:Daniel_Barks@dpsk12.net)

303-829-9721

